# Ittī D'aaba

### Odu uumama

**1** Ittī d'aaba Waannī samaafī lafā uumē. 2 Laftī yoosī gammi fuulā
hink'abdu, dukkanumaafī bisaanumā ch'allaa, dukkantinnenī
bisaanī t'uut'u k'abettē. Hartī Waak'anī bisaanī sunī irrā ijeemtē.
3 Waannī wonnā innī yed'ē, "Ha ibsanī jiraattuu," duubā ibsanī gadī
baatē. 4 Waannī ishia ibsanī dansa d'arge, ibsaafī dukkanā garā garā
baasē. 5 Ibsa guyya ittī baase, dukkaninne halkanī ittī baasē. Guyya
duranī akkā kananī d'ie bariē.
6 Waannī wonnā innī yed'ē, "Ha k'illeessā bisaanī urgā lamā garā
garā baasū jiraatuu." 7 Waannī k'illeessā mid'aasse, k'illeessinnennī
d'ufe, bisaanī urgā lamā garā garā baasē. Bisaannenī irranaafī jalittī
garā garā baanī, akkumā Waannī dubbetē. 8 Waannī k'illeessā samaa
ittī baasē. Guyya lammeessaanī akkā kananī d'ie bariē.
9 Waannī wonnā innī yed'ē, "Bisaanī jalanī ha bare tokkittī wottī
jeebieni, laftī gogeettiinnenī gadī baatuu," duubā akkumā sunī itaatē.
10 Waannī lafā gogeetti lafā ittī baase, bisaanne maanyā ittī baasē.
Waannī wonnā tanā dansa d'argē. 11 Waannī wonnā innī yed'ē, "Laftī
ha bardumte, buuyyoafī mukkeenī wolba ka mid'aanī baasū jiraatuu.[a]
Mukaafī buuyyoonnenī ha gumanī wonnā akkā ishia d'alū gara
jiraatuu," duubā akkumā kanā itaatē. 12 Laftinī bardumte, buuyyoafī
mukkeenī wolba baaftē. Buuyyonī guma k'abdū baate, munninnenī
bee, mid'aanī guma k'abenū baasē. Waannī wonnā tanā dansa d'argē.
13 Guyya sadeessaanī akkā kananī d'ie bariē.
14 Waannī wonnā innī yed'ē, "Ha wonnā ibsitū samaa kasā jiraattuu,
akkā ishinī halkani, guyyaa, woggaafī gannā garā garā akeettū.
15 Wonnā ibsitū tuunnenī ha lafittī ibsituu," duubā akkumā kanā
itaatē. 16 Waannī ibsa lamā gugurda uumē. Ta guddioanī adu, ta
guyyaanī lafittī baatū. Kuuninnenī jii, ka halkaninī lafittī ibsū;
amminne urjiinne mid'aassē. 17 Waannī ibsa sunī samaa kasā
d'add'aabē, akkā ishinī lafittī ibsite, 18 halkaniifī guyya garā garā
baafte, dukkanaafī ibsa garā garā baaftū. Waannī wonnā tanā dansa
d'argē. 19 Guyya arfeessaanī akkā kananī d'ie bariē.
20 Waannī wonnā innī yed'ē, "Ha bineessā birrinī akkā k'urt'ummia
fanī, bisaanī kasā jiraatuu, amminne ha shimp'irrenī koolanī k'illeessā
kasā kaatū jiraattuu." 21 Waannī bineessā bisaanī kasā galū,

[a] 1:11 Mukā wolbanī kunī, ka akkā d'addeccha fa, mad'eerā faafī darissatī.

gugurdaafī ch'arek'o, hiyyo shimp'irre wolba uumē. Waannī wonnā
tanā ilaale, dansa d'argē. 22 Waannī eebbiseefi, wonnā innī yed'eenī
"Horaa, bulaa, ittī daramaa, bisaanī maanya immeek'aa,
shimp'irreennenī ha wolī horte, birroomtuu." 23 Guyya shaneessaanī
akkā kananī d'ie bariē.

24 Waannī wonnā innī yed'ē, "Laftī ha bineessā wolba, akkā horia fa,
bineessā laga fa, k'unch'e lafa fa, baaftuu," duubā akkumā kanā itaatē.
25 Bineessā lafa wolba, akkā horia fa, bineessā laga fa, hiyyo k'unch'e
lafa fa, kulli uumē. Waannī wonnā tanā dansa d'argē.

26 Waannī wonnā innī yed'ē, "Fakkeennā keennā gulā, ha innama
uumnuu, akkā isaanī nu fokkaatenū. Innamanī, ha bineessā bisaanī
kasā galu, shimp'irrea, hiyyo bineessā lafa, kulli ittī mamuu." 27 Kanā
Waannī fakkeennumā isa gulā innama uumē, d'iiraafī nadd'eenī.
28 Eebbiseefi, wonnā innī yed'eenī, "Horaa, bulaa, birroomaa, lafā
immeek'a. Lafa, k'urt'ummia, shimp'irrea, hiyyo bineessā lafa,
kulliinne ittī mama. 29 Buuyyo guma k'abduufī[b] mukā mid'aanī baasū
kulli sagalea iseentī kannā. 30 Buuyyoafī mukā lata, sagalea
shimp'irreafī bineessittī kannaa." Eegiyya akkumā sunī itaatē.
31 Waannī wonnā innī uumē t'uut'u ilaale, lilla dansa d'argē. Guyya
jaeessaanī akkā kananī d'ie bariē.

2 Samaa, lafa, hiyyo wonnā kasā jirtū kulli akkā suninī k'it'eessenī.
2 Waannī guyya tolbeessaa huji innī mid'aassē t'uut'u k'it'eesse
harkā irra fud'etē. 3 Duubā Waannī guyya tolbeessaati eebbise, guyya
guddio jaba tolchē.[c] Gaafā innī huji uumaa raawwotittī suni, tanaafī
akkasī iteē.

4 Odunī tunī ta wonnā samaaddiafī laftī baaftetī. Gaafā Waannī
samaafī lafā uumē, 5 laftī takka buuyyoafī mukā himbaafne. Wonnā
ishinī akkā kanatiifī, Waannī yoosī takka bokke ittī hinroobsine,
amminne namā oorru oorretinnenī hinjiru. 6 Ammo malā wolba laftī
maddite, maganoottī. Akkumā suninī laftī bisaanī d'argettī.

### Innama akkā kanā uumenī

7 Waannī biyyā fuud'e, namā tokkō irra uumē. Hafuurā jireenna
funnaantī afuufe, namā sunī sunumanī jireenna d'argetē. 8 Waannī lafā
ilborua ta Eedenī yed'enū kasittī oorru oorre, namā innī uumē kasā
kaayē. 9 Waannī mukā wolba ch'olle ka mid'aanī isa sagalea dansaa
lafittī baasē. Jiddu oorruanne mukā lamā d'aabē; tokkō mukā

[b] 1:29 Buuyyonī guma k'abdū akkā biriida fa, maammile fa, muttaama faafī, darganya fa.
[c] 2:3 Guyya guddionī guyya Waak'ā kad'etenū.

jireennatī, kuuninnenī ka malā namittī kannū, akkā namninī dansaafī
hamtu garā garā baafetū.
10 Yoosī, galaanā tokkittī Eedeni d'ufe, oorru suuntī yaā. Galaanā
kunī acchumanī tarsee, afurī iteē. 11 Tokkō P'ishoonī yed'enī, innī kunī
lafā Hafiila yed'enū kasā marū. Laftī Hafiilanī dahaabu k'abdī.
12 Dahaabunī lafā suninī lilla ch'olle, hamp'aayyuafī d'akaacchā
gurraale shoobaannenī hinjirā. 13 Galaanā lammeessaanī Gihoonā
yed'enī, innī ka lafā Kuushā yed'enū kasā marū. 14 Galaanā sadeessaanī
Tigri yed'enī, innī kunī ka lafā ilboru Ashuura kasā marū. Galaanā
arfeessaannenī Efraat'ā yed'enī.
15 Waannī namā kuunī fuud'e oorru kasā kaayē, "Oorredd'i,
ilaalledd'ī!" yed'eenī. 16 Waannī wonnā innī namā sunī seerē, "Mukā
wolba ka oorru tanā kasā jirū mid'aanī irruma nyaadd'ī. 17 Ammo
mukā dansaafī hamtu garā garā nama baasū irra hinnyaatinī. Wo atī
nyaattū, hinduuta baredd'ī!" yed'eenī.
18 Duubā Waannī wonnā innī yed'ē, "Namā k'ofa taaū dansaamu,
wonnā isā k'ark'aartū maddiittī mid'aassaa." 19 Waannī bineessā
wolbatiifī shimp'irre wolba biyyā irra mid'aasse namittinī d'ufē, akkā
innī mak'a ittī baasū. 20 Namninī mak'a hori wolbati, shimp'irrea,
hiyyo bineessā laga ittī baasē, ammo wonnā isā k'ark'aartū d'abē.
21 Duubā Waannī namā hirribā jaba rafisiisē. Isuma hirribā kasā jirū,
Waannī ch'inaacchā tokkō kasa fuud'e, bare sunī duucchē. 22 Nadd'eenī
ch'inaacchā kuunī irra mid'aasse, nama d'ufeenī. 23 Namnī, "Ishinī tunī
lafe ishianī lafumā tiyya, foonī ishiannenī foonumā kiyyā. Eegā ishinī
d'iirā irra uumamtē, mak'anī ishia nadd'eeni," yed'ē.[d] 24 Tanaafī
d'iirtinī abbaafī haad'ā irra baate, d'iirsaafī niitinī wolī k'abette,
wonnā tokk'occhā itaatī. 25 Namaafī nadd'ittinī k'ulla yaani, ammo
ch'eerā hink'abdu.

### Namse innamaa

3 Bineessā Waannī uumē kasa, bofittī irrā k'aro. Gaafā tokkō bofnī
nadd'ittiittī d'ufe, "Waannī d'ugumumā mukā oorrua seere,
'Mid'aanī irra hinnyaatina,' iseninī yed'e?" yed'e gaafetē. 2 Nadd'ittinī
bofanī, "Mukā wolba mid'aanī irruma nyaanna, 3 ammo Waannī,
'Mid'aanī mukā jiddu oorrua ijjetū sunī hinnyaatinaa, amminne
hink'olinaa. Wo isenī nyaattenū, hinduduuteni,' nutinī yed'e,"
yetteenī. 4 Bofnī nadd'ittianī, "Hinduduutenu! 5 Malā isenī mid'aanī
mukā suni nyaattenū, Waannī inumā beekā, ka iltī teessenī

[d] 2:23 Afaanī Ebraaniaatinī d'iirā ish yed'eni, nadd'eentī isha yed'enī. K'oonnī mak'a lamaanī kana wolī fokkaatā ammo wonnā garā garatī.

babbanamte, duubā akkā Waak'a dansaafī hamtu garā garā
baafettenū," yed'eenī. 6 Nadd'ittinī ilaalte, mukā sunī sagalea dansa
d'agartē. Ishia munnī innama k'aroomsū hubennanī, mid'aanī irra
bubukk'ifte nyaattē. D'iirsā ishianne ittī kannite, inninnenī inumā
nyaatē. 7 Malumā sunī iltī isaaninī babbanamte, isaani k'ulla yaanū ufī
hubennanī ch'eerenī. K'olā muka d'uruureni, wottī hodd'eni, mudd'iittī
hid'aad'ietenī.

8 Malā k'illeessā saafoanī jeebiē, namaafī niitinī sogorsa ijeemma
Waak'a oorru kasittī d'ageennanī, sodaatte, mukkeenī oorrua kasittī
d'okettē. 9 Waannī namā waame, "Atinī me?" yed'e gaafetē. 10 "Anī
k'ulla jiraafī ijeemma tante d'ageennanī, sodaadd'e si d'okedd'e,"
yed'eenī. 11 "Oonnittī k'ulla jirta sitinī yed'ē? Ha mid'aanī mukā anī
irra si seere nyaatte?" yed'e gaafetē. 12 Namnī, "Niitumā atī aantī
kannitittī aantī kanne, aannenī nyaadd'e," yed'eenī. 13 Waannī
nadd'ittianī, "Atī maanī itaatē?" yed'e gaafetē. Nadd'ittinī, "Bofittī anā
sobe, aannenī nyaadd'e," yetteenī.

14 Waannī bofanī, "Eegumā atinī akkasī itaatiyyu, bineessā aninī
uumē kasā, siittī irrā abaarsā kanki k'abā. K'it'ā atī lubbuanī jirtū,
garaanī lafā irrā ijeemte, biyyā nyaattā. 15 Sitiifī nadd'eeni wottī isenī
nyaap'omsā. Fiit'ā keessenī lamaannenī, woli nyaap'ā. Tokk'occhā fiit'ā
ishianī mata kanke bururusse, atinnenī hirbā isa nyaatta," yed'eenī.

16 Nadd'ittianī, "Malā gara d'argettū, ulfeennaafī d'ukkubā kanke
hinguddisā, amminne ch'iniinfennoanī ilmaanī d'altā. D'iirsā kanke
kajjeelte, inninnenī si mueta," yed'eenī.

17 Namanī, "Eegumā atī niiti tante ch'ak'afte, mid'aanī mukā anī
hinnyaatinī siinī yed'ē nyaattē, laftī sitiifī abaarsā d'argettī. K'it'ā atī
lubbuanī jirtū, huji jabduanī lafā irra sagale d'argettā. 18 Laftī
k'oraattiafī gora siti baaftī, amminne woomā atī oorrettū nyaattā.
19 K'itā atī duute, lafittī jeebitu asī, danfumā keetinī sagale d'argettā.
Biyyumā irra si uumeni, biyyuumtī gadī jeebita," yed'eenī. 20 Kanā
Aadamninī niiti isa mak'a Hawwea ittī baasē.[e] Wonnā innī mak'a
Hawwea ittī baaseefī, ishiittī haad'ā innama wolba iteē. 21 Duubā
Waannī woyoole gogaa mid'aasse, jarittī nek'ē.

**Aadamiifī Hawwe oorru Eedenī kasa had'enī**

22 Waannī wonnā innī yed'ē, "Ammā tanā namā kunī akkā keennā
dansaafī hamtu beeke garā garā baafeta. Namninī mid'aanī mukā
jireenna hinnyaatinī. Wo innī nyaatū, jireennā muumme hink'abnē
d'argeta." 23 Tanaafī Waannī Aadamī oorru Eedenī kasa had'ē, akkā

[e] 3:20 Namninī mak'anī isa Aadamī yed'enī.

innī d'ek'e barumā Waannī isā irra uumē oorretū. 24 Maayye Waannī
innama oorru kasa had'ē, maleekkaafī seefti ibidda ta garā wolba
ufinī martū ilboru oorrua d'aabē, akkā ishinī dirbu mukā jireenna
innama irra d'ogortū.

# Ittī D'aaba

Genesis in the Orma language of Kenya

Trial Edition

Illustrations on page 80, 81 by Horace Knowles
©BFBS, 1954, 1967, 1972.
Additions and amendments by Louise Bass
©BFBS, 1994.

Illustrations on page 80, 81 marked with * by Kenny Woodrow.

Published in 2000 by

BTL (E.A.)
P.O. Box 44456,
Nairobi, Kenya

and

©WBT